# Talaalliiwwan Humneessituun Talaallii COVID-19 maali?

## BARREEFFAMA

[muuziqaa ce'umsaa]

[Seenessa]

Namni tokko erga guutummaatti talaalamee booda, COVID-19 irraa addumaan ittisa sadarkaa ol-aanaa qabaata.

Ragaa haaraan akka agarsiisutti yooma talaalliiwwan kun balaa dhibee hamaan qabamuu, mana yaalaa seenuu fi du'uu hir'isuu irratti baay'ee bu'a-qabeessa ta'anii itti fufan illee, ittisi dhibee COVID-19 akka yeroon adeemaa  deemeen gadi bu'aa deema.

Yeroo ittisi jalqabaa talaallii irraa argamu gadi bu'uu jalqabu, dooziin dabalataa talaallii humneessituu jedhamu ittisa dabaluuf akka gargaarutti kennama.

Dooziin dabalataa kun nama tokko dhibee sana irraa ittisuuf farrawwan qaamolee ormaa dabalataa oomisha.

Talaalliiwwan idilee hedduun ittisa sadarkaa ol-aanaa kennuuf talaalliiwwan humneessituu barbaadu.

Fakkeenyaaf, namoonni talaallii teetaanesii waggaa kudhan kudhaniin fudhatu. Kun humneessituudha. Kun dandeettii dhibee sana ittisuu keessanii guddisa, sababni isaas ittisni yeroo dheeraa keessa gadi bu'aa deemuu isaa waan beeknuufidha.

Talaalliiwwan COVID-19 irratti odeeffannoo dabalataa argachuuf, gara health.mn.gov/covidvaccine deemaa.

[muuziqaa ce'umsaa]

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

10/6/21 (Oromo)

*Odeeffannoo kana bifa biraan argachuuf, kana irratti bilbilaa: 651-201-4989.*